

Biiroo Barnoota Oromiyaa

Barnoota Lammummaafi Amala Gaarii Kutaa 6^{ffaa}

Barnoota Semisteera 2^{ffaa} Addatti kan qophaa'e

Walta'insa BBOn:

Barsiisaa Asmaraa Beegii

Bara 2012

Boqonnaa Jaha

Miira Ittigaafatamummaa

Bu'aa barnoota boqonnichaa:

Boqonnaa kana qayyabattee akka xumurtetti:

- Sadarkaa keetti itti-gaafatama qabdu amanamummaafi gahumsaan nibaata.
- Qabeenya uumaamaa fi hambaalee seenaa badii irraa oolchuuf gahee nitaphatta.
- Dhibee vaayirasii HIV'n dhufu ittisuuf gahee kee nibaata.

6.1. Waadaa

Waadaa jechuun maal jechuudha?

- Waadaa jechuun dhimma tokkoof amanamaa ta'uun dhugaa irratti hundaa'uudhaan ofiif ykn kanneen birootiif amanamaa ta'uu dha.
- Waadaa seenuun dirqama hamilee fi itti gaafatamummaa guddaa nama gaafata.
- Waadaa seenuun ykn waadaa galuun dura waadaa galamu sana eegudhaaf humnaa fi dandeettii keenya adda baasnee beekuun barbaachisaa dha.
- Waadaan tasa seenamu hojii irra waan hin oolleef wal amanuu dhabuullee ni fida.

Lammiileen hundinuu waadaa biyya isaaniif qaban qabu. Waadaaleen kunneeniis:

- Gocha malaamaltummaa irratti qabsaa'uu.
- Hojii hojjetamu hunda qulqullinaan hojjechuu
- Aarsaa biyyi nurraa barbaadu kaffaluuf qophii ta'uu
- Heera biyyaa kabajuu fi kabachiisuu
- Alaabaa ykn faajii biyyaa jaalachuu fi kkf...

Miidhaa waadaa kabajuu dhabuun fidu

- Waadaa kabajuu dhabuun amaanaa nyaachuu dha.
- Wal- amantaa obbolummaa hir'isa.
- Kabaja namni tokko uumaaman qabu hir'isa.
- Kabajaa nama dhabsiisa.
- Sababoota fudhatama hin qabne dhiyeessuun; dhiifama naa godhaa nama jechisiisa.

Waadaa kabajuun akkamin danda'ama?

- Waadaa erga seennee kutannoo fi murannoodhan raawwachuutu barbaachisa.
- Miira itti gaafatamummaa ofii bahuudhaaf adeemsa sirrii ta'e raawwachuu dha.

Waadaa kabajuun haala adda addaan ta'uu danda'a. kunis:

- Waadaa seenuu fi waadaa kabajuun jiruu fi jireenya maatii keessatti jalqaba.
- Barnoota sirnaan barachuu fi bu'aa gaariin itti fufuun waadaa maatii ofii bahuu agarsiisa.
- Ajaja fi gorsa maatii fudhachuun waadaa ofii bahuu dha.
- Akkaataa humnaa fi dandeettiin eeyyameen hojii mana keessaa gargaaruun maatiif jaalalaa fi kabajaa kennuun gocha itti gaafatamummaa ofii bahuu ti.

6.2. Qajeelummaa, Amanamummaa fi Dhugummaa

- Sonawwan sadeen armaan oliitti ibsaman kun hojii qofaan ibsamu.
- Hojiin immoo amala hawaasummaa of keessaa qaba.
- Hojiin kamiyyuu namoota ogummaa fi dandeettii garaa garaa qabaniin hojjetama.

Fayyaalessa fi nama dhugaa ta'uun akkamitti ibsama?

- Fayyaalessa, amanamaa ta'uu fi dhugaa irratti hundaa'uun hojiin ibsama.
Sababni isaa hojiin amala hawaasummaa waan qabuufi.
- Hojiin tokko galma gahuuf yeroo fi beekumsa humna namaa hedduu gaafata.
- Namni kamiyyuu gahee isaa fayyaalessa, amanamaa fi dhugaa qabeessa ta'ee yoo raawwate faayidaa hedduu argamsiisuu ni danda'a.

Fakkeenyaaf

- Konkolaachisaan tokko nageenya konkolaataa sakatta'ee of eeggannaan yoo oofe; lubbuu fi qabeenya baraaruu isaatiin itti gaafatamummaa guddaa bahuu isaa mul'isa.
- Qonnaan bulaanis yeroon qotee calleessee itti fayyadamtootaaf dhiyeessuun gahee itti gaafatamummaa qaba.

Ogeessi kamiyyuu

- Ogummaa isaatiin fayyaalessa ta'ee hawaasa tajaajiluun isa irraa eegama.
- Namni kamiyyuu gosa hojii qabuun fayyaalessa, amanamummaa fi dhugaadhaan yoo hojjete dirqama lammummaa bahe jechuu dha.

6.3. Qabeenya uumamaa fi Dabareewwan Seenaa

Qabeenya uumamaa kan jedhaman fakkeenyaaf kanneen akka:

- Bishaan, biyyee, bosona, bineensota, beeyiladotaa, albuuda (Warqii, meetii, sibiilaa, pootaasiyemii) fi kkf dha.
- Isaan kunis badii fi miidhama irraa yoo eegaman misoomaa fi guddina biyyaa ni dabaluu.
- Qabeenya uumamaa kanneen akka hin mancaane, hin qisaasofnee fi badiif akka hin saaxilamne eeguu fi kunuunsuun itti-gaafatamummaa lammii hundaati.
- Qabeenya uumamaa miira “**qabeenya kooti**” jedhu horachuu qabna.
- Qabeenya uumamaa haalli itti fayyadamuu qabnu saayinsawaa ta’uu qaba.

Dabareewwan seenaa jechuun maal jechuudha?

- Dabareewwan seenaa jechuun bakka seenaa, maddoota seenaa fi bakka hambaawwan seenaa itti argaman jechuu dha.
- Dabareewwan seenaa kanneen akka kitaabotaa biraannaa, maskiidotaa fi fakkiiwwan holqa keessatti argaman fa’i.

Dabareewwan seenaa haalli nuti itti fayyadamnu saayinsawaa ta’uu qabaata

- Kunis; baroota dheeraaf walitti fufiinsaan akka itti fayyadamnu nu taasisa.
- Dhaloota har’aa qofaaf osoo hin taane dhaloota itti aanuufis haala mijaawaa dhiisanii darbuu agarsiisa.

Faayidaawwan Qabeenya Uumamaa fi Hambaalee Seenaa Sirnaan Fayyadamuu

- Guddina diinagdeef haawwasummaa saffisiisa.
- Qilleensa qulqulluu argachuuf nu gargaara.
- Madda Turizimii akka ta’uuf oola.
- Hojii dhabdummaa hambisiisuuf fayyada.
- Beelaa fi hiyyummaa hir’isuuf gargaara.
- Oomishtummaa qonnaa dabaluu fi kkf oolu.

Laggeen Weellisan

- Paarkii Gaarreen Baalee paarkiiwwan akka Afrikaatti qabeenya uumamaa guddaan keessatti argama jedhamanii eeraman keessa isa tokko dha.
- Paarkichi bal’ina iskuweer kilomeetirii kuma lamaa fi dhibba lama qaba.
- Biyya keenya keessatti olka’insa isaatiin sadarkaa lammaffaa irratti kan argamu gaara Tulluu Diimtuu of keessaa qaba.

Paarkiiin Gaarreen Baalee:

- Bineensota hoosisan gosa digdamaa ol of keessaa qaba.
- Gosa sinbirrootaa dhibba tokkoo fi afurtamaa ol of keessaa qaba
- Gosa biqilootaa sanyii biyya keessaa adda addaatiin uwwifamee argama.
- Sanyii gosa sinbirroo addunyaa irraa biyya kamittuu hin argamne 24tu biyya keenya qofatti argamu.
- Kanneen keessaa sanyiin gosa sinbirroo 14 paarkii gaarreen Baalee keessatti argamu.
- Laggeen kanneen akka Gannaalee fi Waabii Shabaleetis sulullan Baalee keessa gara kibba bahaatti yaa'u.

Bineensotni biyya keenya keessa qofaatti argaman hedduutu jiru. Kanneen keessaa muraasni:

- Niyaalaa, Gadamsaa fi Jeedala Diimtuu faadha.

Itti gaafatamummaa lammileen Qabeenya Uumamaa fi Hambaalee Seenaa eeguu qaban ilaalchisee

- Lammiileen kamiyyuu qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaa eeguu fi kunuunsuun itti fayyadamuuf itti gaafatamummaa qabu.
- Namni kamiyyuu ilaalcha qabeenyi kun '**kiyya**' jedhu qabaatee eeguu dhaaf dirqama lammummaa qaba jedhuu dha.
- Qabeenya uumamaa fi hambaalee seena qabeessa eeguu fi kunuunsuun lammiileen hundi jireenya mijaa'aa fi guutuu akka jiraatan taasisa.
- Namoota maaltu na dhibeedhaan badii geessisan to'achuuf qophii ta'uu qabna
- Miira itti gaafatamummaan kunuunsuun barbaachisaa dha.
- Paarkiiin sadarkaan isaa eegame akka jiraatu gochuun baay'ina daawwatootaa dabaluun hojii turizimii guddisuu qabna.

Namni kamiyyuu akka dhuunfaattis ta'e; akka gareetti bakkee kamittuu:

- Iddoo jireenya isaatti, iddoo hojii isaatti akkasumas iddoowwan qabeenya waleefi tajaajilli waloo itti kennamu kamiyyuu kunuunsuu qabu.

6.4. HIV/AIDS. Dhukkubni HIV/AIDS:

- Akka lakkoofsa Awurooppaatti naannoo bara1981 argame.
- Dhukkuba yeroo ammaa Addunyaa irratti saffisaan baay'ee babal'ataa jiru dha.

- Diina adda dureen ilmaan namaa fixaa jiru dha.
- Hanga ammaatti Eedsiif daawaan hin argamne.
- Namni vaayirasii HIV'n saaxilame humna dhukkuboota kan biroo ofirraa ittisuu hin qabu.

Karaalee Dhukkubni HIV/AIDS ittiin daddarbu keessaa muraasni:

- ❖ Yeroo dhiigni nama vaayirasichaan faalame gara dhiiga nama fayyaatti makamu
- ❖ Rigaa ilkaanii dhukkubsataan itti fayyadameetti fayyaduun
- ❖ Meeshaalee qara qaban kanneen akka murtuu qeensaa, haaduu fi kkf waliin fayyadamuu dha.
- ❖ Lilmoo dhukkubsataan ittin waraannateen namni fayyaan yoo fayyadame.
- ❖ Walqunnamtii saalaa daangaa hin qabne raawwachuudha.

Karaalee Dhukkubni HIV/AIDS ittiin hin daddarbine

- Harka walfuudhuun fi waliin nyaachuun
- Mana fincaanii waliin fayyadamuun
- Daree keessatti waliin barachuun fi kkf dha.

Namootni HIV/ Eedsiin qabaman

- ❖ Dhibee of irraa ittisuu waan hin dandeenyeef salphaadhumatti dhukkuba garaagaraatiif saaxilamu.
- ❖ Humnaa fi fayyaa waan hin qabneef hojii ulfaataa hojjechuu hin danda'an.

Miidhaa HIV/AIDS'n Uumuu Danda'u

- ❖ Humna oomishtummaa hir'isuu ykn dhaabuu danda'a.
- ❖ Galii biyyaa hir'isuu ni danda'a.
- ❖ Haatii fi Abbaan yoo du'an ijoolleen isaanii guddiftoota malee hafu.
- ❖ Rakkinni hawaasummaa daraan baballachuu danda'a
- ❖ Humnaa fi fayyaa waan hin qabneef kaka'uumsa hojjechuu ykn barachuu ni hir'isa.
- ❖ Yeroo kanatti nama isaan deeggaru hin qaban yoo ta'e rakkoo hamaan irra gaha.
- ❖ Akka gaariitti hojjechuu dhabuu isaaniitiinis maatiin ni rakkata; hojiinis ni miidhama.
- ❖ Hanguma nama dhuunfaa irratti miidhaa qabu; guddinna biyyaa irrattis dhiibbaa qaba.
- ❖ Dhibeen hamaan ummata fixaa jiru kun miidhaan geessisaa jiru hedduu dha.

➡ *Kitaaba kee irraa gaaffilee keessa deebii xumura boqonnaa jaha irratti kennaman hunda isaanii hojjedhu.*

Boqonnaa Torba

Aadaa Hojii Cima

Bu'aa barnoota boqonnichaa:

Barataa/ttuun: Akka boqonnaa kana qayyabattee akka xumurtetti:

- Hojiin kabajamaa ta'uusaa nihubatta.
- Bu'aawwan jabaatanii hojjechuu fi seeraan yerootti fayydamuu nibeeka
- Kaayyoo dinagdee fi misooma heera mootumma ripuubiliika Federaalaawa Itiyoophiyaa keessatti uumaman nihubatta.

7.1.1 Jabaatanii hojjechuu

Aadaa Hojii Cima jechuun maal jechuudha?

- ❖ Aadaa hojii cima jechuun yaada cima hojjetootni ogummaa isaaniif qaban jechuudha.
- ❖ Fedhii cima fi kutannoo cima namootni tokko tokko ogummichaan bu'aa fooyya'aa galmeessisiisuuf qaban jechuu dha.

Hojiin dhala namaatiif:

1. Wabii jireenyaati
2. Jireenya maatiif hawaasaa sadarkaa foyya'aatti kan ceesisu dha.
3. Gammachuu ykn boqonnaa akkasumaas jabina qaamaa ni kenna.

Jabaatanii hojjachuu jechuun:

- Hojii irratti bobba'an tokko bu'a qabeesa taasisuuf jabaatanii hojjechuu dha.
- Yeroo hojii kabajuu.
- Naamusa ogummaa qabaachuu.

Bu'aan Jabaatanii hojjachuu

- Qulqullina oomishaa fi omishtummaa guddisuuf oola.
- Ofiis ta'e biyyaa ofii jabaatanii hojetanii jijjiiruuf ykn guddisuuf gargaara.
- Meeshaalee fi wantoota fedhii nyaataaf oolan guttachuuf nu gargaara.
- Jabina qaamaa fi fayyummaa qaama keenyaaf illee ni gargaara.
- Hirkattummaa jalaa nu baasa.

7.1.2. Hojii Tuffachuu Dhiisuu

Hojii Tuffachuu Dhiisuu jechuun maal jechuudha?

- Hojii tuffachuu dhiisuu jechuun hojii kamiyyuu bifaanis ta'e sadarkaan adda osoo hin baasin ykn hin filatin hojjechuu jechuu dha.
- Hojiin kamiyyuu xiqqaadha ykn guddaadha osoo hin jedhiin xiyyeeffannoo itti kennuun hojechuu jechuudha.

Faayidaan hojii tokkoof xiyyeeffannoo kennuu:

- Hojiin tokko hojjetamee madda galii gaarii akka ta'uu danda'uuf fayyada.
- Hojiin tokko hojjetamee bu'aa gaarii akka kennuu danda'uuf gargaara.
- Hojiin tokko hojjetamee galma barbaachisaa akka gahuuf oola.
- Hojii xiqqaadha jedhamu tokkotti xiyyeeffanaan yoo itti kennamee hojjetame sadarkaa olaanaa irra nama geesisuu danda'a.
- Hojii kamiyyuu tuffachuun akka hin barbaachifne barsiisuuf oola.

7.1.3. Yerootti Seeraan Fayyadamuu

Yerootti seeraan fayyadamuu jechuun faayidaa yeroon dhala namaaf qabdu beekuu jechuu dha

- Hojii kamiyyuu hojjechuuf yeroon qabeenya murteessaadha.
- Hojiin yeroo malee hin hojjetamu.
- Yeroon garuu yoo hojii hiknellee ni jiraata.

Biyya keenyatti namootni baay'een:

- Yeroon qabeenya ta'uu isaa hin beekani.
- Yeroo dheeraa hojii malee dabarsu.
- Kanneen biroo immoo yeroo dheeraa hojii xiqqaa irratti dabarsu.

Namootni fayidaa yeroo seeraan hubatan:

- Yeroo dheeraa boqonnaan hin dabarsani
- Yeroo gababaa keessatti hojii bu'aa qabeessa hojjetanii duromu.
- ✓ Iccitiin isaas yeroo fi humna qaban walitti qindeessuun waan hojjetaniifi dha.

Itti fayyadama yeroo ilaalchisee namni kamiyyuu kan armaan gadii aadaa godhachuu qaba.

- Yeroodhaaf gatii guddaa kennuu
- Hojii irraa barfachuu dhiisuu
- Yeroo dheeraa hojii irratti dabarsuu
- Yeroo gabaabaa fayyadamuun oomisha baay'ee fi qulqullina qabu oomishuu.

7.1.4. Bu'aa Hojii Tuffachuu Dhiisuun Biyyaaf Qabu

- Hojii osoo hin tuffatiin xiqqaadhaa ykn guddaadhaa jedhanii osoo hin filatiin hojjechuudhaan lammiiwwan hedduun bu'aa gaarii argataniiru.
- Hojii tokko xiqqaa ykn guddaa jedhanii kabaja kennamuu qabu waldabarsuun barbaachisaa miti.
- Hojii tuffachuun hin barbaachisu.
- Hojii tuffachuun safuu badaa dha (aad-malee) dha.

Hojii kamiyyuu qixa sirrii ta'een raawwachuu kan dandeenyu:

1. Karoora baafachuu dhaan
2. Karoora bahe sanaan hogganamuun hojjechuun dhaan.

Lammiin aadaa hojii cimaa qabu:

- Hojii osoo hin tuffatne hojii adda addaa irratti hirmaatee bu'a qabeessa ta'a.
- Ofii isaanii irra darbaniis biyyaa isaaniif gumaacha guddaa ta'u.
- Faayidaa yeroon qabdu sirriitti adda baasanii beeku.
- Kalaqa adda addaa uumuun ni beekamu.
- Ofiis ta'ee biyya isaanii jijjiiruun beekamu.

Namni faayidaa yeroo beeku tokko:

- Cimee hojjetee maatii isaafis ta'ee hawaasa isaatiif jijjiirama fiduu danda'a.

7.2. Osoo hin hojjatiin Nyaachuu

7.2.1. Osoo hin hojjatiin nyaachuun miidhaa inni sadarkaa maatiitti qabu.

Osoo hin hojjatiin Nyaachuu jechuun:

- Miseensonni maatii tokkoo hundi hamma dandeettii isaanii hojii irratti hirmaachuu qabu jechuu dha.
- Ga'eessonnis ta'an, daa'imman fi dubartoonni haaluma umurii isaanii fi dandeettii isaaniin hojii wal gargaaruun hojjechuu qabu jechuudha.
- Namni kamiyyuu osoo hin hojjatiin ykn hin dadhabiin kan namootni biroon itti dadhaban nyaachuun gochaa jibbisiisaa dha.
- Namootni hundi hanga humna isaanii hojjechuun isaan irraa eegama.

Walumaa galatti:

- Namootni osoo hin hojjatiin ykn hin dadhabiin kan namootni biroon itti dadhaban nyaachuun gochaa jibbisiisaa ta'uu beeku qabna.
- Sababni isaa kadhaan rakkoo hawaasummaa kabaja dhala namaa xiqqeessu dha.

7.3. Dandeettii ogummaa fi Naamusa Hojii

7.3.1. Maalummaa Dandeettii Hojii fi Naamusa hojii

Dandeettii ogummaa jechuun:

- Beekumsa, hubannoo fi dandeettii namni tokko gosa hojii tokkoof qabu jechuu dha.
- Ogummaan gosa hojii beekumsaa fi dandeettii mataa isaa gaafatu dha.

Ogummaa gosa adda addaatu jira. Isaanis:

- Ogummaa qonnaa
- Ogummaa gaazexeessummaa
- Ogummaa barsiisummaa
- Ogummaa abbaa seeraa fi k.k.f dha.

Naamuusa ogummaa jechuun:

- Seerota ogummicha hojiitti jijjiiruuf hordofamuu qaban kan mul'isu dha.

Naamusa ogummaa kanneen jedhaman:

- Ogummaa isaatiif amanamaa ta'uu
- Maamiltoota isaa loogii tokko malee tajaajiluu
- Ogummaa isaa kabajuu
- Yeroo hojii kabajuu
- Ogummaa isaa foyyefachuuf fedhii guutuu argisiisuu
- Wal kabajuu
- Hojicha jaalachuun fedhiin hojichuu
- Qisaasama yeroo hojii hir'isuu

Dandeettii fi naamusa hojii qabachuu jechuun immoo:

- Gahumsaa fi amala namni tokko hojii irratti qabu kan agarsiisu jechuu dha.

Dirqamni ogummaa Ogeessa fayyaa ta'e tokko irraa eegamu maal fa'i?

- Karaa dhukkubootni daddarboo ittiin daddarban hawaasaaf barnoota kennuu.
- Haala itti qorichi fudhatamuu fi akkaataa of eeggannoon itti godhamu barsiisuu.
- Humnaaf dandeettii isaa duguugee hawaasa isaa tajaajiluu.
- Icciiitii dhukubsataa eeguu

Ogeeyyiin hundinuu hojii isaanii haala armaan gadiitiin hojjechuun isaan irraa eegama.

- Ogummaa isaaniitif amanamaa ta'uun hojjechuun
- Maamiltoota isaa loogii tokko malee tajaajiluu danda'uu
- Ogummaa isaa kabajuu fi jaalachuun

- Yeroo hojii kabajuu fi seeraan ba'uu
- Ogummaa isaaanii foyyefachuuf fedhii guutuu qabaachuu

7.3.2. Miidhaa hanqinni naamusa ogummaa lammiilee irraan gahu.

- ❖ Miidhaa hanqinni naamusa ogummaa lammiilee irraan gahu hedduu dha. Isaanis

1. Ogummaan kamiyyuu:

- Guddina namoota dhuunfaa
- Guddina namoota naannoo ykn hawaasaa fi
- Guddina misooma biyyaa yoo hin bu'uureffatiin faayidaa hin qabu.

2. Ogeessi tokko naamuusa ogummaa isaa hanga hin eegnetti bu'aa hin argatu.

- Ogummaa isaatiin bu'aa dhabeessa yoo ta'e ogummaa isaa fooyyeeffachuuf fedhiin inni qabu gad aanaa ta'a.

3. Ogummichis akka hin babal'anne ykn hin guddanne taasisa. kun immoo:

- Ogummichi yoo guddachaa hin adeemne tajaajilli lammiin argachuu qabu guutuu hin ta'u.
- Jaalala ogummichaaf hawaasni qabu hir'isaa deema
- Carraan hojii lammiilee ni dhiphata.
- Kun immoo misoomaa fi fooyya'insa jireenya hawaasaa irratti miidhaa olaanaa geessisa
- Sadarkaa jireenya isaas ta'e, kan maatii isaa fooyyessuu hin danda'u.
- Tajaajilli lammiin argachuu qabu guutuu hin ta'u.
- Ogummichis akka hin babal'anne ykn hin guddanne taasisa.

7.4. Aadaa hojii cimaa fi misooma

7.4.1. Kaayyoo misooma Heera mootummaa Federaalaa Itoophiyaa.

Mootummaan feederaala Itoophiyaa misooma ariifachiisaa fi itti fufiinsa qabu fiduuf imaammataa fi tarsiimoo baadiyyaa jiddu galeefatee diriirsuudhaan hawaasa hojiif sochoosee ykn kakaasuun bu'awwaan nama jajjabeessan galma'aa jiru. Uummaannis bu'aa guddina misoomaa sadarkaa sadarkaan fayyadamaa fi hirkattummaa jalaa baha jiru. Kunnis kan agarsiisu imaammanni guddina diinagdee fi kaayyoon immaamata kanaa jijjiirama qabatamaa mul'isaa kan jiran ta'uu isaati. Immaamanni misooma guddina diinagdee MFDRI kaayyolee bu'uraa afur qaba.

Isaanis:-

1. Guddina diinagdee ariifachiisaa mirkaneeffachuu akka kaayyoo bu'uraa fi ka'umsaatti qabaachuu.

2. Guddina diinagdee ariifachiisaa mirkaneessuu alatti uummanni haala fooyyee qabuun fayyadamaa akka ta'u haala mijeessuu.
3. Biyya keenya kadhaa jalaa baasuu fi haala diinagdee addunyaatiin yeroo yeroon jijiramaa akka deemu taasisuu.
4. Guddina diinagdee ariifachiisaa fiduuf kan deeggeru sirna gabaa bilisaa hojii irra oolchuu dha.

➡ *Kitaaba kee irraa gaaffilee keessa deebii xumura boqonnaa torba irratti kennaman hunda isaanii hojjedhu.*

Boqonnaa saddeet

Of danda'uu

Bu'aa barnoota boqonnichaa:

Boqonnaa kana qayyabattee akka xumurtetti:

- Maalummaa hirkattummaa hawaasummaa fi diinagdee ni hubatta.
- Barbaachisummaa ejjannoo mataa ofii yaada namoota kan biroo waliin wal simsiisuu ni hubatta.

A. Of danda'uu

8.1. Faayidaa of danda'uu

Of danda'uu jechuun maal jechuu dha?

- Of danda'uu jechuun beekumsa, diinagdee fi humna ofii itti gaafatamumaa fudhatanii ofiif maatiif hawaasaa fi biyya ofii fayyaduuf qabatamaan hojjechuudhaan hirkattummaa jalaa ba'uu jechuu dha.
- Of danda'uu jechuun hirkattummaa irraa gadhiifachuu ykn walaba ta'uu jechuudha.
- Namni kamiyyuu humna qabuu fi carraa qabutti fayyadamee hojjechuun mataa ofii danda'uu jechuudha.
- Hirkattummaa Irraa bilisa ta'uun ofiif kabaja kennuu dha.
- Humnaa fi dandeettii ofi imadaaluun adda baasnee beekuu.
- Beekumsa ofii guddisuu fi qabeenya ofii cimsachuun ga'oomuu jechuudha.

Of danda'uun eessatti ta'uu qabaa?

- Maatii keessatti
- Mana barnootatti
- Hawaasa keessatti fi kkf dha

Fakkeenyaaf barattoonni of danda'anii hojjetan:

- Seeraa fi qajeelfama mana barnootaa ni beekuu, ni kabajuu
- Barumsa isaanii cimanii barachuun qabxii gaarii ni galmeessuu
- yeroo qo'annaa isaanii osoo hin qisaasessiin maatii isaanii hojii ni gargaaruu
- jireenya isaanii egereef bu'uura cimaa kaawatu

Walumaa galatti of danda'uun haala arman gaditiin ibsama.

- Hirkattummaa hawaasumma fi diinagdee irraa bilisa ta'uu.

- Yaada mataa ofiin hogganamuu.
- Ejjennoo mataa ofii qabaachuu.
- Ofiin murtii qajeelaa murteessuu danda'uu.
- Namoonni of danda'an miirrii walqixxummaa waan itti dhaga'amuuf faayidaa nama biraa irra argamu hin barbaadan.
- Gargaarsa nama biraa hin fedhan.
- Walabumma isaanii eeggatanii misoomaaf kaka'u.

8.2 Hirkattummaa

8.2.1. Hirkattummaa Jechuun Maal Jechuudhaa?

Hirkattummaa jechuun:

- Meeshaalee fi fedhiin ofii beekumsa, maalaqaa fi humna nama biroottiin guuttachuuf of qopheessuu jechuudha.
- Nama birootti hirkatanii, ykn maxxananii jiraachuu.
- Karoora mataa ofii qopheeffachuu dadhabuun karoora nama biroon deemuu jechuu dha.

Fedhii, dandeettii, maalaqaa fi humna nama biroo eeggachuun miidhaa inni qabu.

- Dandeettii keenyatti akka hin fayyadamneefi akka of hin kabajamne nu taasisa.
- Walabummaa keenya dabarsinee namoota birootiif akka kenninu nu taasiisa.
- Ofitti amanamummaa akka hin qabaannee nu saaxila.
- Hojjanee beekumsa, hubannoo dagaagfachuu akka hin dandeenye godha
- Kanaaf, lammii gaarii taanee hirkattummaa biyya keenya irraa kaasnee dhabamsiisuu qabna.

8.2.2 Hirkattummaa Diinagdeef Hawaasummaa

Daldaalli seeraan alaa (kontirobaandii) miidhaa hawaasummaa fi diinagdee irratti qabu.

- Seera biyyaa cabsuun meeshaalee garaa garaa biyya kessatti galchuu fi gara biyya alaatti erguun kan raawwatu dha.
- Galii keessaa fi alaa gibira irraa argamu hir'isuun diingdeen biyyaa akka kufu godha.
- Fiilmii, poosteraa fi fakkiwwan adda addaa kan duudhaa fi safuu hawaasaa waliin hin deemne jireenya hawaasaa miidhan biyya kessa akka galan godha.
- Meeshaaleen waraanaa seeraan ala gara biyya keessa akka seenaniif karaa bana.
- Nyaatni fi qorichi qulqullinni isaanii hin mirkanoofne kan yeroon tajaajila isaa hin beekamne, qaama namaa irratti miidhaa kan geessisan gara biyya keessaa akka galan godha.

Yeroo ammaa sadarkaa addunyaatti sochiiwwan yakkaan walqabatan tokko:

- Baala sammuu namaa hadoochuu karaa daldaala seeraan alaa biyya keessa galchuu dha.

Baalli sammuu namaa hadoochu:

- Araada sammuu namaa miidhu of keessaa qaba.
- Miidhaa sammuu fi qaamarraan gaha.
- Rakkoo maallaqaa ni uuma

- Kanaaf bituus ta'e gurguruun yakka.

8.3 Ofitti Amanuu

8.3.1 Malawwan Ofitti Amanuun Ittin Ibsamu

Ofitti amanuu jechuun:

- Beekumsa, murtoo mataa ofii, ofiif bakka kennuu, ejjannoo mataa ofii qabaachuu dha.
- Ofitti amanuu jechuun mataa ofii danda'uun wajjin hidhata qaba.
- Namni hirkataan nama mataa isaa hin dandeenyedha.
- Mataa ofii danda'uun immoo aadaa hojii cimaa qabaachuuf isa bu'uuraati.
- Namni ofitti amantaa qabu nama waa'ee isaa irratti hubannoo sirrii qabu dha.
- Lammiin aadaa hojii cimaan qarame lammii mataa isaatti amanu dha .

Amaloota Ofitti Amanuu

- waliin mariyatani wal hubachuu
- Yaada mataa ofii ,yaada namoota kan biroo waliin wal simsiisuu danda'uu.
- Dogoggora jiru amanee fuhachuu fi sirreessuu danda'uu.
- Yaada namoota biroo haala gaariin keessummeessuu danda'uu.

Namni ofitti amantaa qabuu:

- Nama waa'ee ciminaa fi hanqina mataa isaaf hubannoo sirrii qabu dha.
- Nama dogoggora jiru amanee fudhatuu fi sirreessu jechuudha.
- Nama kanneen biroo waliin mariyachuun isaan hubachuu fi yaada mataa isaa
- Yaada namoota kan biroo waliin wal simsiisuu danda'u jechuudha.

Lammiileen ofitti amanannaa yaada qaban:

- Namoota biroo haala gaariin keessummeessu.
- Kunis guddina sirna dimookiraasii nageenyaafi misooma biyyaaf gahee murteessaa ta'e qaba.

➡ *Kitaaba kee irraa gaaffilee keessa Deebii xumura Boqonnaa sadeeti irratti kennaman hunda isaanii hojjedhu.*

BOQONNAA SAGAL

AADAA QUSANNA

Bu'aa barnoota boqqonnichaa

Boqonnaa kana ayyabattee akka xumurtetti:

- Faaydaa qusannaan qabu ni beekta
- Baasii baraachisaa hintaane hiri'isuun mallattoo qusannaa ta'uu ni hubatta.
- Humnaa fi dandeettiin buluudhaan aadaa qusannaa akkamitti cimsuun akka danda'amu ni hubatta.

9.1 Qusannaa

9.1.1 Faayidaalee Qusannaa

Qusannaa Jechuun:

- Galii yeroo murtaa'aa ta'e tokko keessaatti argamu irraa hamma murtaa'e tokko fuudhanii gara fuulduraaf olkaa'uu dha.
- Waan argannu keessaa hamma murtaa'e tokko fuudhanii yeroo rakkoon tasaa nama qunname ittiin ooluuf kaawwachuu jechuudha.

Qusannaan faayidaalee hedduu qaba. Isaan keessaa kan armaan gadii ibsuun ni danda'ama.

- Rakkoo tasa nama qunnamu jalaa bahuufnu gargaara.
- Fedhiwwan bu'uura kan akka nyaataa, uffataa fi mana jireenyaa ittin guuttachuuf ni ta'a.
- Of danda'uu fi hirkattummaa jalaa bahuuf nu gargaara.
- Sadarkaa barnootaa, jireenya ofii ittin fooyyeffachuuf nu gargaara.
FKN Koolleejjii fi yuunivarsiitiif qarshii kanfaluun barachuuf ni ta'a.
- Yeroo dhukkubsatan, dulloomanii fi humna dhaban kadhaa irraa nama oolcha.
- Qusannaan fedhiwwan bu'uura sadan guuttatanii ittin jiraachuuf nu fayyada.
- Dhunfaanis ta'ee, maatiin akka of dandeenyee ofitti amannu nu taasisa.

Fedhiwwan bu'uura jireenya dhala namaaf barbaachisoodha jedhaman saditu jiru. Isaanis:

- Fedhiib akka midhaan nyaataa
- Fedhii akka uffataa fi
- Fedhii akka mana jireenyaa fa'a dha.

Namoonni hubannoo qusannoo qaban:

- Yeroo hundaa namoota mataa ofii danda'anidha.
- Namoota miirri hirkattummaa, gad-antummaa ykn hiyyummaan itti hin dhagahamne dha.

9.1.2 Tooftaalee Qusannaa

- ❖ Galii keenya qusachuuf tooftaalee armaan gadii fayyadamuun barbaachisaadha.

A. Baasii hin barbaachisne hambisuu ykn hir'isuu

- Baasii hin barbaachisne hir'isuun maloota qusannaa keessaa isa tokko dha.

Fakkeenyaaf, maatiin ijoollee barsiifataa jiran:

- Baasii humnaa olii kan akka yeroo gammachuu (cidhaa) fi gaddaaf baasan hir'isuu qabu.
- Qabeenya gahaa yoo qabaatan malee meeshaalee bareedinaa bituu dhiisuu.
- Yeroo yeroon iddoo bashannanaa deemuu irraa of hambisuu qabu.
- Yeroo yeroon humnaa ol keessummaa affeeruu hambisuu ykn hir'isuu qabu.
- Egaa waan qabnuu fi argannu malaan fayyadamuun barbaachisaadha.

B. Mataa ofii fi maatii ofii karooraan bulchuu.

- Mataa ofii fi maatii ofiif karoora baafatanii jiraachuu jechuu dha.
- Mataa ofiis ta'e maatii ofii karoora humna ofii irratti hunda'uun bulchuu danda'uu dha.
- Baay'inni maatii amma galii qabnuun kan wal madaalu ta'uu qaba.
- Aadaa maatii baay'ee horachuu xiqqeessuu jechuu dha.

Maatiin miseensa baay'ee qabu tokko baasii adda addaatin saaxilamu danda'u. Fakkeenyaaf

- Baasii midhaan nyaataa
- Baasii uffataa, kophee, barruuleefi
- Baasii fayyaa fi meeshaalee barnootaa guutuuf yeroon itti rakkatan jiraachuu danda'a.
- Maatiin miseensa baayee galii gad-aanaa qabu fedhii maatii isaaf guutuu hin danda'u.

C. Maallaqa kuufame qabaachuu

- Si'a tokkoon maallaqa hedduu kuufachuu osoo hin ta'in galii argannu irraa hanga tokko kuufachu.
- Galiin argannu baayyatuus ykn xiqqaatus kan argannu irraa muraasa qusachuu danda'uu.
- Herreega baankii banuu, iqqubii, waldaa hojii gamtaa fi waldaa qusannaa fi liqiin mala qusannaa isa gaarii dha.
- Maallaqa baay'ee si'a tokko kaawwachuunis dirqama miti.

Qusannaan saantima muraasa kaawwachuun jalqabuu ni danda'ama.

- Maallaqa argannu mana ol kaa'uu osoo hin ta'iin dhaabbilee qusannaa kawwachuu dha.
- Galii yeroo yeroon argatanirraa muraasa kuufachuu aadaa taasifachuun gaariidha.

Malootni Qusannaa bakka lamaatti qoodamu. Isaanis:

- Maloota Qusannaa aadaa fi
- Maloota Qusannaa ammayyaa dha.

Dhaabbilee qusannaa naannoo keenyaa warri jedhaman. Kanneen akka:

- Baankii fi Iqqubii
- Gamtaa waldaa liqii fi qusannaa fi kkf dha.

Maloota qusannaa aadaa warri jedhaman: kanneen akka

- Iqqubii
- Iddirii (afoosha) fi kkf dha.

Maloota qusannaa ammayyaa kan jedhaman: kanneen akka:

- Baankii
- Waldaalee kanneen akka inshuraansii konkolaataa, fayyaa
- Gamtaa waldaa liqii fi qusannaa fi kkf dha.

9.2 Hawaasa Keessatti Gochaalee Faallaa Qusannaa

Gochaalee Faallaa Qusannaa ta'an hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasni:

A. Baasii Humnaa Olee

Gochootni armaan gadii gochaalee hawaasa keessatti qusannaa miidhanii dha.

- ❖ Baasii humnaa olee fkn kan akka cidha raawwachuuf bahu.
- ❖ Humnaa ol qarshii baasanii bashannanuu.
- ❖ Ayyaana adda addaa ayyaaneffachuuf baasii humnaa olee ramaduu.

B. Ilaalcha Boodatti Hafaa

Ilaalcha boodatti (duubatti) hafaa

Kanneen armaan gadii Ilaalchota boodatti hafaa haawasa keenya keessatti mul'atani dha. fknf

- Namni maal naan jedha jechuun sirna adda addaaf baasii humnaa olee baasuu
- Rakinni adda addaa yommuu nu mudatu rakkinichaaf fala kennuurra gochaalee adda addaa qarshii kennuun raawwachuuf yaaduu.
- Ilaalcha dubartoota dhiiraa gadi jedhu qabaachuu.
- Ilaalchotni duubatti hafoo ta'an jiruuf jireenyi namaa akka hin fooyyofne godhu.

9.3 Hiyyummaa

- Hiyyummaa jechuun waantotni bu'uuraa dhala namaatiif barbaachisan biffaa fi hanga barbaachisaniin argamuu dhabuudha.
- Hiyyummaan sadarkaa nama dhuunfaattis ta'e; sadarkaa biyyaatti salphina hamaa qaba.
- Hiyyummaan dhabinsa maallaqaa qofa osoo hin ta'iin dhabinsa beekumsaas ta'uu ni danda'a.

9.3.1 Salphina Hiyyummaan Fidu.

- Hiyyummaan eenyumaaa namaa xiqqeessa.
- Hiyyummaan waan jaalatanii fi waan hawwan nama dhabsiisa.
- Hiyyummaan kabaja nama dhorka.
- Hiyyummaan Kadhaaf nama saaxila.

Hiyyummaan bifa lama qaba.

1. Inni tokko hiyyummaa qabeenyaati.
2. Inni lammaffaan hiyyummaa beekumsaati.

Dhiibbaa Hiyyummaan bifa lamanii uumuu danda'an:

- Miira hirkattummaaf gad-antummaa uuma.
- Dhalli namaa jireenya sadarkaa gad- aanaa akka jiraatuu godhu.
- Walitti bu'insi akka jiraatu kan godhudha.

Namni hiyyummaa beekumsaa qabu:

- Hojii hojjechuu hin danda'u.
- Kan namni hojjetuun jiraachuu fedhu.
- hojjetanii jiraachuun kan danda'amu isaatti hin faakkatu
- Ta'us, hiyyummaan beekumsa hiyyummaa qabeenya caalaa balaaf nama saaxilu dha.
- Hiyyummaan beekumsaa kan badu barumsaan qofaadha.
- Egaa, Beekumsaa fi hoj-maata haaraa fudhachuufis fedhii nama gaafata.

Hiyyummaa maallaqaa:

- Jabaatanii karoorfatanii yoo hojjatan mo'achuun ni danda'ama.

9.3.2 Hariiroo qisaasummaa fi hiyyummaa

- Hiyyummaan sababa adda addaan uumama.Kanneen keessaa tokko qisaasummaa dha.

Qisaasummaa jechuun

- Maallaqa ykn qabeenya qabnu karooraan ala baasuu fi balleessuu jechuu dha.
- Qisaasummaan maallaqaa ykn qabeenya qabnu karooraan ala baasuu qofa osoo hin taane yeroo keenya seeran ala hojii malee dabarsuudha.

Gochoonni armaan gadii qisaasessummaaf fakkeenya gaarii ni ta'u

- Affeerraa sababa malee gaggeeffamu
- Meeshaalee ittiin fayyadamnu kunuunsuu dhabuu.
- Ani eenyuu gadi jechuun nama hedduu waamuun affeeruu fi kkf dha

9.3.3 Hiyyummaa Balleessuuf Baasii Xiqqeessuu fi Qusannaa Barachuu

- Baasii xiqqeessuuf baasiiwwan barbaachisoo ta'anii fi hin taane addaan baasanii beekuun murteessaa dha.
- Ayyaana sababeeffachuun ijoollee isaaniif yeroo hundaa huccuu bituu fi ani eenyuu gadi jechuun baasii humnaa olii baasuu dhiisuu.

Kitaaba kee irraa gaaffilee keessa Deebii xumura Boqonnaa sagala irratti kennaman hunda isaanii hojjedhu.

Boqqonnaa Kudhan

Dammaqinaan Hirmaannaa Uummataa

Bu'aa barnoota boqonnichaa

Boqqonnaa kana qayyabattee akka xumurtetti:

- Faayidaalee hirmaannaa hawasaa dammaqin qabu ni hubatta.
- Dhimmoota hawaasni dammaqinaan akka irratti hirmaatu barbaadamu ni beekta.
- Maalummaa waldaalee siivikii ni hubatta.

10.1 Barbaachisummaa Dammaqinaan Hirmaannaa Hawwaasaa.

- **Hirmaannaan Hawaasaa utubaa** Ijaarsa sirna dimookiraasii fi bulchiinsa gaariiti.

Jiruuf jireenya dhala namaa keessatti:

- Hojiiwwan tokko tokko dhuunfaan hojjatamu.
- Muraasni immoo gareen malee dhunfaan kan hin hojjetamne dha.
- Dhunfaan kan hojjetaman ta'anis faaydaa qubsaa kan hin kennines ni jiru.

Fakeenyaaf:

- Sochiin seeraafi naamusa dhunfaa kabachiisuuf goonu bu'aa qabeessa hin ta'u.

Barbaachisummaa Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa

- Hojiin tokko tokko hirmaannaa uummataa malee qofaatti galmaa ga'u hin danda'an.
- Rakkoo diinagdee fi hawaasummaa guyyaadhaa guyyatti hiikuuf gaheen Dammaqinaan Hirmaannaa Hawaasaa qabun isa guddaadha.

Dhimmoota dammaqinaan hirmaannaa hawaasaa barbaadan keessaa muraasni:

- Olaantummaa seeraa fi naamusa kabachiisuu.
- Daandii naannoo keenya naannoo biroo waliin wal qunnamsiisuun baasuu.
- Qulqullina naannoo keenyaa eeguu fi eegsisuun
- Sirna dimookiraasii dagaagsuu.

Hirmaannaa Hawaasaa irraa

- Dhuunfaan bu'aa argachuun ni danda'ama.
- Muuxannoo fi beekumsas ni arganna.
- Namoonni dhuunfaan rakkoo isaan irra gahuu danda'u irraa ni oolu.
- Faayidaa dhuunfaa irra kan hawaasaa ni caala.
- Hawaasni naannoo hundi irraa fayyadamaa ni ta'u.

- Naannoo murtaa'aa irra darbee Aanaa, Ganda, Naannoo fi biyyaa fayyaduu danda'a.

10.2 Faayidaalee Dhaabbilee Siivikii Keessatti Hirmaachuu

Kabajamaa barataa:- Naannoo jiraattanitti waldaaleen akka afooshaa Gandaa, waldaa dargaggoota, Waldaa dubartootaa fi waldaa maanguddoo ni jiru ta'a.

Dhaabbileen siivikii hundi:

- Jaarmiyaalee siyaasa loltummaa irraa bilisa.
- Jaarmiyaalee amantii irraa bilisa ta'uun kan ijaaramanidha.
- Dhaabbilee bu'aaf kan hin hojjenne; dhaabbilee hawaasaati.
- Fedhii ofii irratti hundaa'uun dhiibbaa Mootummaatiin ala ta'un ijaaramu.
- Mootummaan seera qabeessa ta'anii ni galmaa'u.

Dhaabbileen waldaa siivikii kaayyoolee adda addaa qabu. Isaan keessaa muraasni:

- ❖ Faayidaalee miseensota waldichaa ni guddisuu.
- ❖ Fedhii misooma hawaasa naannoo guutuuf gumaacha ni gochuu.
- ❖ Tajaajila hawaasummaa, diinagdee fi siyaasa uummataaf ni kennu.
- ❖ Gama hawaasummaan ykn diinagdeetiin gumaacha adda addaa ni godhu.
- ❖ Wantoota mootummaan ummataaf guutuu hin dandeenye irratti tajaajila hedduu ni kennu.
- ❖ Uummanni imaammata mootummaa irratti akka mari'atanii fi sirna dimookraasii akka shaakalaniif haala mijaa'aa ni uumu.

Gaheen waldaaleen siivikii isaan ijoon:

- Waldicha keessatti hirmaannaa bilisaa taasisuu,
- Ummataaf mootummaa wal qunnamsiisu
- Mootummaan itti gaafatamummaa isaa, dirqama isaa haalaan akka raawwatu taasisuu irraatti shoora guddaa qabu.

Dhaabbilee siivikii kanneen jedhaman: fakkeenyaaf

- Waldaa Dubartoo Itiyoophiyaa
- Waldaa Afoosha Gandaa
- Waldaa Dargaggoota Itiyoophiyaa
- Waldaa Maanguddoo Itiyoophiyaa fi kkf dha
- Waldaan siivikii kunneenis dimookiraasii ijaaruuf, nageenya kabachiisuu fi guddina diinagdee mirkaneessuuf humna guddaa qabu.

Waldaaleen siivikii faayidaalee hedduu qabu. Kanneen keessaa muraasni:

- Wantoota Mootummaan uummataaf guutuu hin dandeenye irratti tajaajila hedduu kennu.
- Uummatni imaammata mootummaa irraatti akka mar'iatu haala mijeessuu.
- Qo'annoo fi Qorannoo gageessuun rakkoo hawaasaaf furmaata isaa ni barbaadu.
- Argannoo qorannoo ni beeksiisu ykn ni ibsu.
- Rakkoo hawaasaa furuuf humnan, maallaqaa fi beekumsa ni tumsu.
- Namootni dhuunfaan miseensa waldaalee siivikii ta'un muuxannoo fi beekumsa ni argatu.

➡ *Kitaaba kee irraa gaaffilee keessa deebii xumura boqonnaa kudhan irratti kennaman hunda isaanii hojjedhu.*

Boqonnaa kudha Tokko

Beekumsa Fedhuu

Bu'aa barnoota boqonnichaa :

Barumsa boqonnaa kanaa erga qayyabattee booda:

- ❖ Maddoota beekumsa gurguddoo ni beekta.
- ❖ Maalummaa yaadaa fi ilaalcha boodatti hafaa ni hubatta.
- ❖ Gahee beekumsi yaadaa fi ilaalcha boodatti hafaa hambisuu keessatti qabu ni hubatta.
- ❖ Faayidaa dubbisuun qabu ni hubatta

11.1. Maddoota Beekumsaa Ijoo Ta'an

Maddoota beekumsa kan ta'an kanneen akka:

- Ragaa ykn odeffannoo garaa garaa qabaachuu
- Muxxannoo fi sadarkaa barumsa keenyaan.

Beekumsi qabeenya guddatuu dha.

- Hanga odeeffannoo qabnuun kan madaalamudha jechuun ni dada'ama.

Adeemsa Dagaagina Beekumsaa Horachuu Keessatti:

- Dhimmi odeeffannoo salphaatti kan ilaalamuu miti.
- Odeeffannoon iddoo guddaa qabata.
- Walitti hidhamiinsa ragaalee daawwachuun kan horatamuu dha.
- Adeemsa dhaggeeffachuun fi dubbisuun waliin qaban agrisiisa.

Beekumsi haalota fi wantoota armaan gadii irraa argama. Isaanis:

- Barreeffamoota adda addaa dubbisuun
- Kitaaba fi Gaazeexaa adda addaa dubbisuun
- Raadiyoo fi Televiziyiinii dhaggefachuun
- Hambaawwaan seenaa fi aadaa daawwachuun
- Namootaa fi naannoo keenya irraa argamuu ni danda'a.

Beekumsi **naannoo keenyaa** irraa haala armaan gadiin ni argama.

- Wantoota naannoo keenyatti argaman ilaaluun
- Wantoota naannoo keenyatti argaman urgeeffachuun ykn suufuun
- Wantoota naannoo keenyatti argaman dhandhamuun
- Wantoota naannoo keenyatti argaman harkaan qaqqabuudhan.

Beekumsi karaa lamaan argam. Isaanis:

- Kallattii fi
- Al kallattii dhan

Kallattiidhan Beekumsi argama yeroo jennu; fakkenyaaf ;

- Waa'ee lageen naannoo keenyaa guutuu fi hir'achuu qaaman arguun beekna.
- Waa'ee nageenyaan socha'uu namootaa ijaan arguun ni hubanna.
- Waa'ee misooma naannoo keenyaa kallattiin ykn qaamaan iddoo sanaatti argamuun barra.

Maddi ijoon beekumsa saayinsii irratti hundaa'e ittin argannu **mana barnootaati**.

- Naannoo keenyatti aansee dabalataan beekumsa mana barnootaa irraa arganna.
- Sababni isaas barsiisoonni ogummaa adda addaatiin leenji'an mana barnootaa keessatti waan argamaniif.
- Isaanis beekumsa raga amanamaa irratti xiyyeeffate qindeessanii waan dhiyeessanif

Ragaaleen daawwannaan beekumsi irraa argaman.

- Hambaawwan seenaa biyya keenyaatti argaman irraa.

Fakkeenyaaf,

- Dhagaa dhabbataa Xiyyaa
- Fincaa'aa Abbaay
- Galma Sheek Huseen fi holqa soofumar
- Ijaarsa Harar fi siidaa Anolee
- Madda dhala namaa kan ta'e Hadaar fi kkf'n madda beekumsaa ijoo daawwatamaniidha.

11.2. Yaadaa fi ilaalcha duubatti hafaa

Ilaalcha boodatti hafaa kan jedhamaan:

- Barmaatilee miidhaa qabanii fi saayinsiidhaan hin deggaramne irratti kan hundaa'e dha.
- Ilaalchi boodatti hafoon yaada saayinsaawaa hin taaneef nu saaxila.

Fakkeenyaaf:

- ❖ Teeknoolojiitti fayyadamnee oomisha gahaa oomishuu yoo hin dandeenye
- ❖ Dhibee HIV/AIDSn namoonni dheekkamsa waaqaa waliin walqabsiisan.
- ❖ Kaan immoo ka'umsa dhibee kanaaf ilaalcha qabatamaa hin taane uumuudha.

Yaadni saayinsaawaa hin taane

- Jireenyi dhala namaa akka hin mijoofne godhu.
- Wal-qixxummaa faalleessu.

Namoonni ilaalcha fi yaada duubatti hafaa qaban:

- Misooma hojiin argisiisuu irra "kan inni naaf kaa'e hin dhabu" jechuun carraa ofii eeggachuu filatu.
- Nama rakkina keessaa bahe tokko yeroo argaan "carraan isaaf ganama kenname" jechuun yaadu.
- Jireenyi Isaanis milkaa'uufii yoo dides carruma isaanii san balaaleffatu.

- Kanaaf, namni rakkoof uumame daldalus bu'aa hin buusu jedhanii yaadu.

Namootni tokko tokko hireen isaanii ganamuma rabbiin murtaa'e waan kennameef itti fakkaata.

Kana irra kan ka'e:

- ❖ Ciminaan hojjechuu ofii isaa fi biyyaa misoomsuuf hin onnatan
- ❖ Tekinoolojjii haaraan of madaqsuuf qophii of hin taasisan
- ❖ Barnoota ammayyaan of hin ijaaran
- ❖ Dhibee adda addaa fakkeenyaaf HIV/AIDS tiif ka'umsa qabatamaa hin taane kan akka dheekamsa rabbiittii dhiyeessu.
- ❖ Qoricha waldhansaas hin fudhatan.
- ❖ Hojjetanii of misoomsanii milkaa'uu irraa carraatti amanau.

11.3. Ragaa

Ragaan dhala namaaf meeshaa guddaadha

- Meeshaa waa'ee maatii keenyaa ibsu dha.
- Meeshaa waa'ee naannoo keenyaa calaqisiisu dha.
- Meeshaa waa'ee biyya keenya ilaalchisee yaadoolee jiran kan ittiin argannu ykn xinxxallu dha.
- Yaada rakkinaaf furmaata ta'uu kennuuf ragaan funaannamee qindaa'ee jiraachuu qaba.

Ragaan Rakkoo naannoo tokkoo xinxalaan hiikuuf oola.Kanaafis dhimmaa xinxalamuu irraatti:

- ❖ Ragaan barbaachiisaa funaannamee galmeeffamuu qaba.
- ❖ Ragaan funaanname galmeeffamee of eeggannoon kaawwamuu qaba.
- ❖ Ragaan yeroo barbaachisaa ta'etti walitti fufiinsaan funaannamuu qaba.
- ❖ Kaanaf, Ragaan faayidaa qabeessadha.

Ragaan seeraan qabamuu qaba. Sababni isaa:

- Karaa tokkoon ragaan iccitiidhaan eegamuu qaba jechuu keenya.
- Ragaan dhimma dhuunfaa, maatii, waajjira, uummataa ykn kan biyyaa waan ta'eef
- Dhimmonni dhuunfaa, uummataa, maaatii, hojiifi kan biroo iccitiin kaa'amuu qabu.
- karaa biroon ragaaleen akka hin bannee fi akka hin qisaasofne eeguuf fayyada.

Rakkoo ragaan seeraan hin qabamiin tokko fiduu danda'u

- ❖ Yeroo barbaanneetti argaachuun nu raakkisa.
- ❖ Bifa bifaan addaan baasuun nu rakkisa
- ❖ Akkaa laayyootti baduu ykn hatamuu danda'a.

11.4. Muuxannoo kitaaba dubbisuu

- Dubbisuun meeshaa beekumsa keenya ittiin gabbifannu dha.
- Beekumsaa fi yaada ammayyooman of ijaaruuf itti fufiinsaan dubbisuun murteessaadha.

- Waantootni dubbisuu qabnu kitaabilee barannu qofa ta'uu hin qaban.

Dubbisuu ilaalchisee dhimmootni ijoo dagatamuu hin qabne jiru. Isaanis:

- ❖ Dubbisuuf bakka ifni ga'aan jiru filachuun barbaachisaadha.
- ❖ Dhimma maaliif akka dubbisnu beekuun gaariidha.

Bakkeewwaan itti dubbisuun hin eyyamamne keessaa muraasni:

- Aduu keessaatti
- Bakka humni ifaa elektirikaa cimaan jiruutti dubbissuun fayyaa ijaatiif gaarii miti.

Biyya keenya keessatti namootni dubbisuuf barreessuun kabajaa guddaa qaban.

- ❖ Barreessaa Mangistuu Lammaa
- ❖ Obbo Yidingaachoo Tassammaa
- ❖ Piroofeser Akililuu Lammaa
- ❖ Yilmaa Dheerressaa
- ❖ Abbaa Ciigoo Tsagaayee Gabremadiinii fi kkkf

11.5 Tooftaa Qo'annoo Barumsaa

- ❖ Qo'achuuf dubbisuu fi kaayyoo kan biroof dubbisuun garaagarummaa ni qaba.

Beekumsa walii galaa argachuudhaf:

- ❖ Bakka nutti toletti dubbisuu dandeenya.
- ❖ Yaadannoo qabachuun nu hin barbaachisu
- ❖ Deeddeebi'amnii dubbisuun dirqama hin ta'u

Qo'annaaf yeroo dubbifnu tooftaalee armaan gadii fayyadamuu qabna

- ❖ Hanga yaadni mata duree qo'annaa nu galutti irra deeddeebinee dubbisuu qabna.
- ❖ Yeroo qo'annaa dursinee meeshaalee qo'annaaf nu barbaachisan qopheeffachuu qabna.
- ❖ Sagalee nu jeequu danda'u irraa fagachuu qabna.
- ❖ Yaada nuuf hin galiin addaan baafachuun hiriyoota daree ykn barsiisaa gaafachuun deebii argachuu qabna.
- ❖ Yeroo qo'annaa xumurree qabxiilee ijoo hangam akka qayyabanne baruuf gaaffilee adda addaa hojjechuu qabna.
- Qo'annaan Adeemsa armaan gadii qaba.

 ***Kitaaba kee irraa gaaffilee keessa deebii xumura boqonnaa kudha tokko irratti kennaman hunda isaanii hojjedhu.***